Oromo

Active TB Disease

Minnesota Department of Health


# Dhukkuba Sombaa Mul’ataa

Qormaatni adeemsifame dhukkuba sombaa ykn TB qabaatuu kee yoo ka mul’ise tahe, dhugaa akkaan beekuu qabdu keessaa gariin:

- TB-n dhukkuba hamaa ka wal’aansaa fi dawaa sirrii taheen irraa **fayyuun danda**’amu tahuu isaa.
- Namootni dhukkuba TB qabaan, dhukkubicha kan namoota biraatti dabarsuu dandayan tahuu isaanii.

## Dhukkubni TB akkamitti na qabe?


Eennus taanaan dhukkuba TB tiin qabamuun ni mala. Namni dhukkuba TB tiin sombi isaa tuqame tokko wayta qufa’u, haxxifatuu fi dubbatu jarmiiwwan TB (macaacuroota dhukkubicha dabarsan) qilleensatti facaasuu danda’a. Namni bira jiru ammo jarmmiiwwan san hafuura qilleensaa wajjiin qaama keessa of galacha.  Harka nama fuudhuudhaan ykn immoo nyaata, saahniiwwan, uffata yknis meeshaalee harkaan tuquu irraa dhukkubni TB nama hin qabu.



Jarmiiwwan TB qaama keessa yoo seenan wayta heddu dhokatanii “riphan”. Kun, “**dhukkuba sombaa dhokataa”** ykn **“LTBI**” jedhama. Jarmiiwwan TB kan “rafan” kun qaama kee hin dhukkubsan ykn dhukkubsataa taasisanii sin ciibsan.  Dhukkubni LTBI jedhamu kun akkuma dhokate kanatti yeroo gabaabaaf ykn waggoota baay’eef turuu danda’a. Yoo jarmiiwwan “rafaa’ turan dammaqanii  ka’an qaama kee miidhuu jalqan. Kun, “d**hukkuba TB mul’ataa**” jedhgama.

## Dhukkubni TB mee akkamitti Qaama Kiyya Miidha?

Dhukkubni TB yeroo baay’ee somba miidha (pulmonary TB).  Dhukkubni TB nafa qaama keetii kanneen biraallee miidhuu danda’a.




Iddoo qaamaa ka yeroo heddu dhukkubni sombaa tuqu

Namootni dhukkuba TB qaban **mallattoowwan** armaa gadii tokko ykn san caalaa qabaachuun ni mala:

- Torbaan 3 ykn san caalaaf qufa’uu
- Huqqatuu
- Fedhii nyaataa dhabuu
- Dayfa (dafka) halkanii
- Laydaa
- Laqada
- Dadhabiinsa yk bututiinsa nafaa
- Dhukkubbii qomaa
- Aakii dhiiga makate ykn bifa boora-daalacha qabu  kan sombarraa dhufu tufuu

## Doktoroonni akkamitti dhukkuba TB qoratan?

Dhukkuba TB tiif qorata 1 caalaa si barbaachisuun ni mala:

- Qoratni dhukkuba sombaa kan gogaa harkaa irratti godhamu (**Mantoux skin test)** jarmiiwwan TB qaama kee keessa jriaachuu addeessuu danda’a, jarmiiwwan sun kama ridhanii “rafaa” jiran tahellee.
- **Raajiin qomaa** jarmiiwwan sun sombaa tuquu fu tuquu-dhabuu mul’isa.
- **Aakii somba kee keessaa burqee dhufu qoratuu dhaan (Sputum culture tests)** jarmiiwwan TB somba kee keessatti hidda horataa jiraatuu fi dhiisuu  beekuun ni danda ama.

## Akkamitti wayaa’uu Danda’a?

- Doktora kee bira dhaqxee **dawaa TB** kan jarmii TB ajjeessuu fudhatuu si barbaachisa.
- **Jarmiiwwan dhukkuba TB jabina qaban,** akkasumas umrii dheeraa jiraatuu dand’an. Dawaadhan dhukkuba TB fudhatuu jalqabnaan torbanneen haga tokko keessatti sitti wayyaawa. Jarmiiwwan dhuukba TB martinuu akka guutummatti ajjeeffaman gochuudhaaf yoo diqqaate baatiiwwan 6 irraa haga 9 osoo addaan hin kutne **dawaalee TB walitti aansitee fudhatutu sirra jira**
- Wal’aansi jalqabde ka dhukkuba TB haga hobba’utti **baatii mara doktora ilaaluun** barbaachisaa dha. Doktortich wayyaa’aa jiraatuu kee qoratee laala.  Atis rakkinni dawaaleen fudhataa jirtu sitti fidan yoo jiraate gaafii dhiheessituuf deebii sii kenna.

## Yoo dawaa hin fudhatin maaltu taha?

Jarmiiwwan dhukkuba TB humna jabaa qaban.  Yoo dawaa sii kenname akkaa siin jedhametti sirnaan hin fudhatin, **ammas deebitee dhukkubsatta** akaksumas dhukkuba TB namoota biraatti dabarsita.

Fayyuudhaaf, akkuma doktorri siin jedhe sanitti dawaalee **mara rogaan fudhatu** qabda.  Dawaa kee yoo akkuma sitti himametti kan fudhanneetahe, dhukkbni TB inumaa sitti hammaataa deemuun isaa ni mala. Dawaalee jajjaboo yeroo dheeraaf fudhatu-tu sirra jira.

# Dhukkuba Sombaa Mul'ataa - fuula 2

**DOT Maali?**

"DOT" jechuun Battalumatti Toohatamaa. Wal'aanamuu (Directly Observed Therapy) jechuu dha. DOT akkaataa laafatti akka kiniiniiwwan fudhattuu si gargaara. DOT tiin, guyyuu dawaa dhukkuba TB osoo narsiin ykn ogeessi fayyaa si ilaalu fudhatuu jechuu dha. Dawaalee si barbaachisan mara sirnaan fudhatuu keetii fi wal'aansis sii godhamus hojjataa jiraatuu isaa. Yoo waaye dawaa fudhattu irraa rakkinna qabaattes yoosuma falli barbaadama.

**DOT dhukkuba TB ni fayyisa!**

## Dhukkuba TB namoota biraatti dabarsuu nan danda'aa?

Yoo dhukkubni TB somba kee keessa ka jiru ta'e, jarmiiwwanTB akka namoota biraatti hin dabarsine of-eeggannoo gochuu qabda. Dhukkubni TB nafa qaama keetii ka biraa keessa jiraate, jarmiiwwan TB yeroo heddu sirra namoota biraatti hin dabran.

Dhukkubni TB kan si qabe, sirra namoota biraatti dabruu dandawuu fi kan hin dandeenne tahuu isaa doktora ykn narsii kee gaafadhu. Namoota si bira jiran irraa eeguuf maal gochuun akka sirra jiru isaantu sii hima.

Erga dawaa torbanneen hedduuf fudhattee sitti wayyaawee as, jarmmiiwwan TB namatti hin dabarsitu. Kanaafuu yoom akka gara hojii, mana-barnootaa, yookaanis waan gootu ka biraattis deebi'uu qabdu doktora keettu sii hima.

## Waa'ee dhukkuba TB irraa kan beekuun narra jiru maal-fa'a?

- Waajjira Dhimma-fayyaa kan Minnesota irraa akkaata **kafaltii-malee dawaa TB** itti argattu doktora ykn narsii kee gaafadhu.
- Magaalaa ykn kutaa(state) biraattu yaada godaanuu yoo qabaatte doktora ykn narsii keetitti himi. Bakka deemtu sanitti akkaataa dawaa TB itti argattu irratti si gargaaru.
- Yoo dhukkuba TB qabaatte, doktorri kee akka **qorata HIV** sii godhu gaafadhu. Namootni HIV qaban akka laafatti dhukkba sombaa tiin qabaman. Yoo HIV qabaatte dawaalee dhukkuba TB ka gosabiraa si barbaachisuun ni mala.

**Yaadadhu…dhukkuba TB irraa fayyuun akka dandayamu!**

## Waayee dhukkuba TB irraa maal beekutu narra jira?

- Dawaan TB yeroo heddu rakkinni fidu hin jiru; garuu namoota tokko tokko irratti hubaatii fida. **Mallattoowwan armaa gadii keessaa tokkollee qabaatte doktora kee daddaffitti waami:**
  - Haqqisaa, dhukkubbii garaa
  - Fedhii nyaataa dhabuu
  - Lolloocii
  - Ijji ykn gogaan booratti jijjiiramuu
  - Qubbeen harkaa tii fi miila si xiffisuu
  - Xiffisaa fi hadooddii afaanii
  - Ijji akka durittiihaleeuu diduu
  - Gurra keessaa waasi qillisuu
  - Gurri rakkina dhageettii horatuu
  - Lafti namaan maruu
  - Dhukkubbii bakka nafti itti dadacha'uu
  - Guyyaalee 3 caalaaf laydaa qabaatuu
  - Qaamni shiftoo baasuu
  - Nafni laayyomatti si dhiiguu ykn madaawuu
- Dawaa dhukkuba TB guyyuu **wayta saa'aa baratametti fudhadhu.**
- Haga doktorri sitti himutti dawaa TB hin dhiisin.
- Yeroo dawaa TB fudhattu **biiraa, weeynii ykn dhugaati alkoola qabu hin dhugin.**

**Maqaa kiliinika/doktora/narsii keetii:** ________________________________

________________________________

**Bilbila #:** (_____)______________________

**Kiniinni ati fudhattu:**

___ Isoniazid ("INH")
___ Rifampin
___ Pyrazinamide ("PZA")
___ Ethambutol
___ Vitamin B6
___ ________________
___ ________________

MINNESOTA MDH DEPARTMENT OF HEALTH
Tuberculosis Prevention and Control Program
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-5414
1-877-676-5414
www.health.state.mn.us/tb

6/2005